ABCON – Research & Consulting
Social, marketing & opinion researchers

AFRO BAROMETER 1999-2019
20 years of giving voice to Africans

Addis Ababa, Ethiopia

Hagayya 19 2012

News release

Itiyoophiyaanonni feederaalizimii ni fudhatu .Garuu gosaan ykn taa'umsa lafaan qoqoodamu kan jedhu qorqnnoon afiroobaaroometrii agarsutti

Akka qorannoon haaraa afiroobaaroomeetiriin agarsiisutti, Itiyoophiyaanonni baayyeen mootummoota naannoo walabaa mataa isaanii qabaachun biyya kanaaf sirna bulchiinsaa isa filatamaadha.

Garuu lammiileen Itiyoophiyaa federaalizimii sabummaa naannootin ibsaman irratti kan hundeeffaman ta'uu ykn taa'umsa kutaa lafa biyyaa irratti sirna hundaa'e ijaaruu akka danda'uu lammiileen walqixan hiramu.

Waggoottan darban lama dura ,biyyittiin ajandaa haaromsaa erga baafattee booda carraan federaalizimii baayyee baayyee falmii godhateera.Seerrii feederaalizimii A.L.A.1995 kan mirkanaa'e ,kan fooyya'e ykn gara aangootti erga jijjiiramee as akka biyyaatti kan gaggeeffame sabummaa/sabdaneessa federaalizimiitiin eegsifamuutu irra jiraata yaada jedhu irratti warren siyaasa, beektotnii fi dhabbilee hawwasaan lamaanuu miidiyaan dhunfaa fi mootummaa wal mormisiisaa turaniiru .

Argannoowwan furtuu

- Itiyoophiyaanonni harka kudhan keessaa ja'a (61%) sirna mootumma tokko/unitary system irra federaaliziimii filatu.Harka 10 keessa 4 (37%)kan ta'an federaalizimiin baayyee akka qoqoodaa ta'etti amanu kanafuu gara mootummaa qaama tokkootti jijjiiruu filatu.(fakkii1)
- Sirni mootummaa federaalaa yoo sirreefame Itiyoophiyaanonni dirqama akkataa walfakaataanitti /hiramuu qoqoodamu qabu kan jedhu ;-naannoo walakaati (49%)kan ta'an federaalizimiin sabummaa naannoolee hundeffatan irratti hundooftee akka ta'u kan jedhaniif,kan biroon walakaan immoo (48%)naannooleen akkaataa taa'umsa lafaatiin hundeeffamuu qabu kan jedhuu,bakka sabaa fi sablamootni adda addaa jiraatanitti miti,(fakkii 2)
- Jiraattotni magaalaa caalmaatti akka taa'umsa lafaatti hundeffamuu kan filatan (54% vs 44 %), yoo ta'u sadarkaa saba xiqaa ta'anii naannoo baadiyaa jiraatan garuu amma kan jiru hiika xiyyeeffannoo sanyii irratti hundaa'e kan filatanidha(51%vs47%)

Qorannoo afroobaaroomeetrii

Afiroobaroomeetri jechuun paan afirikaanii, paartii kam irrayyuu bilisa kan ta'e hidhata qorannoowwanii kan qabu ta'e muxannoo raga amanamaa akka

Copyright ©Afrobarometer 2020

Afirikaatti dhiyyeessuudhanii fi madaallii Dimokiraasii ,Bulchiinsaa gaarii fi Qulqulina jirenyaa/lubbuu irratti ,A.L.A.1998 hanga 2018 gidduutti hanga biyyoota 38 keessatti marsaa toorbaaf qorannoowwan gaggeffamanii rawwataniiru. Qorannoon marsaa 8ffaan bara 2019/2020 tti yoo xiqaate biyyoota 35 kessatti karoorfameera.Afiroobaroomeetriin af-gaaffii fulaa-fuulatti Afaan/qooqa deebii kennaan filateen bakka bu'oota biyyolessa iddatootaaf/samples kenna/gaggeessa.

Deegarsa Freedom House waliin ta'un , gareen Afiroobaaroomeetriin ltiiyoophiyaa keessaatti kan ABCON –Qorannoo fi Gorsaan gaggeeffamu ,aff-gaaffii namoota ga'eesota 2,400 ltiyoophiyaanotaaf ji;a sadaasaa bara 2019 keessaa fi Amajji 2020 taasifameera.Hangi iddattoo/Sample kanaa sadarkaa firiiwwan biyyaa daanga dogogora +/-2 argamsiisa.Harki 95% sadarkaa ofitti amanamummaa agarsiisa .Qorannoon darbee ltiyoophiyaa keessatti bara 2013 gaggeefame.

Copyright ©Afrobarometer 2020

Chaartii

Fakkii 1 : Itiyoophiyan dirqama mootummaa feederaalaan hafti moo gara mootummaa qaama tokkotti jijjiiramtii ? | Ethiopia | 2020



Deebbii kennitootni yoo gaafatamani:kanneen armaan gadii keessaa yaada ilaalcha keessanitti kan dhiyyatu kami ?

Yaada 1 : Itiyoophiyaan sababa sabdaneessummaatin,gosni federaalizimii hedduun

mootummaa naaannolee ofdanda'an wajjin amallee biyyittif sirna bulchinsaa filatamadha.

Yaada 2: Federaalizimiin baay'ee kan qoqoodu waan ta'ef gara walitti bu'insaatti

geessa kanafi Itiyoophiyaan dirqama gara sirna bulchinsa qeenxee/tokkee kan

mootummaa gidduu galaan hoganamee aangoo murtoo kennu qabachu qabdi.

(%yaadawan kennaman irratti "waliin gala" baay'ee ciminaan itti walin gala")

Copyright ©Afrobarometer 2020

Fakkii 2 Gosa federaalizimii:Sabdaneessa/gosa irra teessuma lafaan |Itiyoophiyaa| 2020 A.L.A



Deebbii kennitootni yoo gaafatamani:kanneen armaan gadii keessaa yaada ilaalcha keessanitti kan dhiyyatu kami ?

Yaada 1 : Itiyoophiyaan yoo sirna federaalizimin itti fufte, sirni federaalizimii sabaa/

gosaa amma jiru kan naannoonis federaalizimii sabaa/gosaa irratti hunda'e akkuma

jirutti itti fufuu qaba.

Yaada 2: Itiyoophiyaan yoo sirna federaalizimin itti fufte,kan naannoon gara bifa tesuma

lafa biyyitti qofaa irratti hundoofteetti jijjiiramu qaba malee kan gosni/sabni adda addaa

irra jiratu ta'u qabu.

(% yaadawan kennaman irratti "waliin gala" baay'ee ciminaan itti walin gala

For more information, please contact:

Mulu Teka
National Investigator
ABCON – Research & Consulting
Tel +251 973 077 414 , +251 115 531 470, +251 115 521 696, +251 115 537 061
mulu.mtg@gmail.com / info@abconltd.et

Copyright ©Afrobarometer 2020

Addis Ababa, Ethiopia

Visit us online at:
www.abconltd.et
www.afrobarometer.org

Follow our releases on #Voices Africa.

/Afrobarometer @Afrobarometer

Copyright ©Afrobarometer 2020